Asxaa

Gaazexaa Negaariit Federaalaa

Ripaablika Dimokraatawaa Fedaraalawaa Itoophiyaa

Waggaa 28ffaa Lakkoofsa 5.	Eegdummaa
Finfinnee, Amajjii 5 bara 2014	Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataa Ripaablika Dimokraatawaa Fedaraalawaa Itoophiyaatiin kan Bahe

Baafata

Labsii Lakk. 1265/2014

Labsii Hundeeffama Komishinii Marii Biyyaalessaa Itoophiyaa

~~~
~~~

Kutaa Tokko

Tumaalee Waliigalaa

1. **Mata Duree Gabaabaa**

   Labsiin kun **"Labsii Hundeeffama Komishinii Marii Biyyaalessaa Itoophiyaa, Lakkoofsa 1265/2014"** jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. **Hiika**

   Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Labsii kana keessatti:

   1) "**Mana Maree Komishiinichaa**" jechuun Mana Maree Komishinichaa miseensota Komishinaroota Marii Biyaaleessaa hunda hammate dha.
   2) "**Komishinara**" jechuun Komishinara Komishinii Marii Biyyaalessaa bu'uura Labsii kanaa Keewwata 12tiin Afyaa'ii Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataatiin dhiyaatee muudamu dha.
   3) **"Marii Biyyaalessaa"** jechuun akkaataa Labsii kanaa fi qajeelfama Manni Maree Komishinarootaa baasuun ajandaawwan adda bahanii irratti qaamolee adda addaan mariin akka irratti taasifamuuf mariiwwan Manni Maree Komishinichaa sadarkaa Federaalaa fi Naannootti haala mijeessu dha.
   4) "**Naannoo**" jechuun bu'uura Heera Mootimmaa Ripaablika Dimokraatawaa Fedaraalawaa Itoophiyaa keewwata 47tiin Naannoo hundeeffame yemmuu ta'u bulchiinsa Magaalaa Finfinnee fi Dirree Dawaa ni dabalata.
   5) **"Mari'achiisaa"** jechuun waltajjiiwwan Marii Biyyaalessaa Federaalaa fi Naannootti gaggeeffaman akka hooganu nama Mana Maree Komishinarootaatiin ramadamu kamiyyuu dha.
   6) "**Nama**" jechuun nama uumamaa yookiin qaama mirgi namummaa seeraan kennameefidha.
   7) Kornayaa dhiiraatiin kan ibsame kamiyyuu kan kornayaa dubartis ni dabalata.

3. **Qajeeltoowwan Marii Biyyaalessaa**

   1) Qajeeloowwan mariin biyyaalessaa fi hojiiwwan waliigalaa Komishinichaa ittin hoogganaman kanneen armaan gadiiti:
      a) Hammatummaa;
      b) Iftoomina;
      c) Amanamummaa;
      d) Wal danda'uu fi wal kabajuu;
      e) Sababaawaa;
      f) Hojiirra oolmaa fi haalichaaf xiyyeeffannoo kennuu yaadawwan marii;

g) Haala mijeessummaa gartummaa malee;
h) Gadi fageenyummaa fi rogummaa ajandaalee;
i) Dimokiraasii fi ol'aantummaa seeraa;
j) Dantaa biyyaalessaa;
k) Beekumsawwanii fi duudhaalee aadaa kan biyyaa keessaa fayyadamuu.

2) Manni Maree Komishinichaa qajeeltoowwan barbaachisaadha jedhee itti amanu dabalataan hammachiisuu ni danda'a.

Kutaa Lama

Waa'ee Hundeeffama, Kaayyoo, Gurmaa'insaa, Hojii fi Itti Gaafatamummaa Komishinichaa

4. Hundeeffama

1) Komishiniin Marii Biyyaalessaa Itoophiyaa (kana booda "Komishinii") jedhamee kan waamamu) loogummaa siyaasaa, dhiibbaa qaama mootummaa yookiin kan biroo irraa bilisa kan ta'e qaama seerummaa of danda'e kan qabu ta'ee Labsii kanaan hundaa'eera.
2) Itti waamamni Komishinichaa Mana Maree Bakka Bu'uutota Ummataatiif ta'a.

5. Waajjira Muummee

Waajjirri muummee Komishinichaa Finfinnee ta'ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti Naannoolee biroottii waajjiraalee damee qabaachuu ni danda'a.

6. Kaayyoo Komishinichaa

Komishinichi kaayyoowwan bu'uuraa armaan gadii ni qabaata:

1) Kutaalee hawaasaa garaagaraa gidduutti dhimmoota biyyaalessaa bu'uuraa ta'an irratti garaagarummaa uumamanii fi sababiiwwan murteessaa adda baasuu fi mata dureewwan mariiwwan irrattii gaggeeffaman adda baasuudhaan mariin akka irratti gaggeeffamu mijeessuu;
2) Mariiwwan biyyaalessaa gaggeeffaman hammataa, qaama gahumsa qabuu fi gartummaa irraa bilisa ta'een kan hoogganaman, ajandaa maddawwan wal dhabiinsaa sirnaan sakatta'an irratti kan xiyyeeffatan, sirna hojimaata ifa ta'een kan hooggamanii fi bu'aalee mariiwwanii raawwachiisuuf karoora dandeessisu kan qaban akka ta'an gochuudhaan adeemsa Marii Biyyaalessaa bu'a-qabeessa ta'an hojii irra oolchuu;
3) Mariiwwan biyyyaaleessa gaggeeffaman kutaalee hawaasaa garaagaraa gidduutti akkasumas walitti dhufeenya mootummaa fi ummata gidduu jiru fooyyessuuf, sirna siyaasaa wal amantaa horatee fi haaraa uumuuf roga dandeesisuun mariiwwan akka gaggeeffaman sirna diriirsuu;

4) Yaadoota furmaataa mariiwwan irraa argaaman hojii irra akka oolan deeggarsa gochuudhaan lammiilee gidduutti akkasumas mootummaa fi ummata gidduutti sirna dimokiraatawaa wal amanataa horate sadarkaa guutuu biyyaatti akka ijaaramu dandeessisuu;
5) Aadaa siyaasaa rakkoolee keessaa barootaaf gangalachaa dhufan mariidhaan hiikuuf dandeesisu gabbisuu fi ijaarsaa sirna dimokraasiif dirree mijataa uumuu;
6) Rakkooleen wayitaawaa karaa waaraa ta'een hiikamanii dirree siyaasaa fi hawaasummaa nageenyi amanasiisaan ittiin mirkanaa'u mijeessuu;
7) Walta'iinsa biyyaalessaa fi ijaarsa biyyaa fudhatamummaa bal'aa qabuuf bu'uura cimaa kaa'uufaa dha.

7. Gurmaa'insa Komishinichaa

Komishinichi:

1) Mana Maree Komishinichaa;
2) Komishinara Muummee;
3) Komishinara Mummee Itti Aanaa;
4) Waajjira;
5) Akkaataa barbaachisummaa isaatti koreewwan; fi
6) Hojjettoota barbaachisaa;

ni qabaata.

8. Bara Hojii Komishinichaa

1) Barri hojii Komishinichaa waggaa sadii (3) dha.
2) Barbaachisaa ta'ee yemmuu argamu barri hojii komishinichaa Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataatiin dheerachuu ni danda'a.
3) Barri hojii komishichaa kan lakkaa'amu bu'uura Labsii kanaatiin yeroo Komishinaroonni Komishinichaa itti muudaman irraa eegaleeti.

9. Hojii fi itti gaafatamummaawwan Komishinichaa

Komishinichi hojii fi itti gaafatamummaa itti aanan ni qabaata:

1) Koreewwanii fi gareewwan ogeeyyii kan mariiwwan mijeessanii fi raawwachiisan, qo'annoowwan garaagaraa gaggeessanii fi yaadawwan gorsaa maddisiisan ni hundeessa;
2) Adeemsawwan Marii Biyyaalessaa kanaan dura dhaabbilee mootummaatiinis ta'e miti-mootummaan taasifamanii fi bu'aalee argaman ni qorata; Mareewwan biyyaalessaa fulduraatti gaggeessuuf akka galteetti ni fayyadama;

3) Garaagarummaa dhimmoota biyyaalessaa ta'an irratti hooggantoota siyaasaa fi yaadaa akkasumas kutaalee hawaasaa garaagaraa gidduu jiran qorannoodhaan, mariiwwan ummataatiin yookiin maloota rogummaa qaban biroo fayyadamuudhaan adda ni basa;
4) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (3)tiin maloota ibsamaniin dhimmoota adda baase bu'uura godhachuudhaan ajandaalee marii ni booca; mariin akka irratti taasifamu ni mijeessa; mariiwwan ni gaggeessa;
5) Guutuu biyyattii keessaa hirmaattota kutaalee hawaasaa fi qaamolee garaagaraa bakka bu'an kan itti hirmaatan walgahiiwwan marii garaagaraa walta'iinsa fiduu dandeessisan sadarkaa Federaalaa fi Naannooleetti akka gaggeeffaman ni mijeessa;
6) Hirmaattota yaa'ii Marii Biyyaalessaa irratti hirmaatan bu'uura ulaagalee ifa ta'anii fi sirna hojimaataatiin adda ni baafata; Qajeelfama tarreeffamaa dhimma kana ilaallatu ni baasa;
7) Mariiwwan kunneen Komishinarootaan yookiin marii'achiiftoota Manni Maree Komishinarootaa moggaasuun akka hoogganaman ni taasisa; Namoonni mari'achiiftummaadhaan ramadamanis hanga danda'ametti ulaagaalee seera kana keewwata 13 irratti ibsaman kan Komishinarummaaf gahaa taasisan kan guutan ta'uu isaanii ni mirkaneessa;
8) Ogeessoota adeemsaaalee marii keessatti qaboo yaa'ii mariiwwan taasifamanii qaban, yaadawwan gorsaa dhiyaatan qindeessuu fi gurmeessuun Mana Maree Komishinarootaatiif dhiyeessan ni ramada;
9) Dambiiwwanii fi Qajeelfamoota sirna hojimaata keessoo Waajjirichaa, ajandaalee marii yookiin mata dureewwan ittiin filataman ilaalchisee, sirna qaamooleen Marii Biyyaalessaa irratti hirmaatan ittiin adda baafaman qopheessuu fi hojiiwwan walfakkatan raawwachuudhaaf dandeessisan ni baasa; hojii irra ni oolcha;
10) Sanada Ajandaalee yaa'ii Marii Biyyaalessaa, adeemsaalee mariiwwanii, yaadawwan gorsaa mariiwwan keessattii argaman, akkasumas mala yaaadawwan gorsaa hojii irra ittiin ooluu danda'an ibsu qopheessuudhaan Mana Maree Bakka Buu'oota Ummataatiif qaama raawwachiiftuu fi qaamolee mootummaa dhimmichi isaan ilaallatu birootiif ni dhiyeessa; ummataafis ifa ni taasisa;
11) Mootummaan yaadawwan gorsaa Marii Biyyaalessaa irraa argaman hojii irraa oolchuu akka danda'u karoora ifaa fi qabatamaa ta'e akka qopheeffatuuf deeggarsa barbaachisaa ni taasisa;
12) Sirna raawwii yaadawwan gorsaa hordofuuf dandeessisu ni diriirsa;
13) Kaayyoo isaa milkeessuuf hojiiwwan barbaachisan biroo ni raawwata.

10. Walgahii Mana Maree Komishinichaa

1) Manni Maree Komishinichaa bu'uura dambii hojimaata keessootiin walgahii idilee ni gaggeessa; Ta'uus akkaataa barbaachisummaa isaatti waamicha Komishinara Muummee Komishinichaatiin yookiin Komishinaroota Komishinichaa keessaa shantama ida'uu tokkoo (50+1) gaaffii yemmuu dhiyeessaan yeroo kamittuu walgahii ariifachiisa taasisuu ni danda'a;
2) Komishinaroota komishinichaa keessaa shantama ida'uu tokkoo (50+1) yoo argaman yaa'iin guutuu ta'a;
3) Murtiin Komishinichaa waliigaltee miseensota Mana Maree Komishinichaatiin ta'a; Haata'u malee, waliigalteedhaan murteessuuf waliigaluu irra yoo hin ga'amne murtichi sagalee caalmaa Komishinaroota walgahii Mana Maree Komishinichaa irratti argamanitiin ni darba;
4) Kenniinsa murtii Komishinichaa irratti sagaleen qixxeettii yoo qoodame sagalee walitti qabaa murteessitummaa ni qabaata;
5) Tumaaleen keewwata kanaa akkuma eegamanitti ta'anii Manni Maree Komishinichaa qajeelfama sirna walgahii mataa isaa baasuu ni danda'a.

Kutaa Sadii

Waa'ee Komishinarootaa

11. Waa'ee Komishinarootaa

1) Komishinichi Komishinaroota kudha tokko (11) ni qabaata;
2) Komishinara Muummee Komishinichaa, Komishinara Mummee itti aanaa fi Komishinaroonni kanneen biroo Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataatiin muudamu;
3) Manni Maree Bakka Bu'oota Ummataa murtii muudamaa kan kennu kaadhimamtoonni dhiyatan ulaagaalee Labsii kana Keewwata 12 jalatti kaa'aman kan guutan ta'uu mirkaneessuun ta'a.

12. Moggaasa Komishinarootaa

Moggaasni Komishinarootaa akkaataa armaan gadiitiin ta'a.

1) Waajjirri Afyaa'ii Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataa kaadhimamtoota miseensota Komishinii ummata, dhaabbilee siyaasaa fi hawaasa siivilii irraa eeruu namoota Komishinara ta'uu danda'an ni fudhata;
2) Labsii kana keewwata 13 jalatti ulaagaalee kaa'aman bu'uureeffachuun namoota eeraman keessaa yoo xiqqate namoota Komishinara ta'uu danda'an kudha afur adda baasuun tarree kaadhimamtootaa ummataaf ifa taasisuun Afyaa'iidhaaf ni dhiyeessa;

3) Tarreen kaadhimamtootaa qophaa'u kornayaa fi agarsiiftuuwwan heddumina kanneen biroo yaada keessa kan galche ta'uutu irra jiraata;
4) Afyaa'iin paartilee siyaasaa morkattootaa, dhaabbilee hawaasa siivilii, hooggantoota yaa'ii dhaabbilee amantaa fi bakka bu'oota waliin kaadhimamtoota dhiyaatan irratti marii ni taasisa;
5) Afyaa'iin marii keewwata kana keewwata xiqqaa (4) jalatti tumame erga taasise booda kaadhimamtoota dhiyaatan keessaa akkaataa barbaachisummaa isaatti Komishinara Muummee, Komishineera Mummee Itti Aanaa fi Komishinara ta'anii kaadhimamtoota tajaajiluu danda'an Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataatiin akka muudaman ni dhiyeessa.

13. Ulaagaalee Komishinarummaaf Barbaachisan

Namni Komishinara ta'ee muudamu kamiyyuu ulaagalee armaan gadii guutuu qaba:

1) Lammii Itoophiyaa kan ta'e;
2) Amantaalee, sabaa fi sab-lammoota Itoophiyaa fi Ummattoota hunda ija walqixxeedhaan kan tajaajilu;
3) Miseensa paartii siyaasaa kamiyyuu kan hin taane;
4) Walta'iinsa biyyaalessaaf gahee ol'aanaa gumaachuu kan danda'u;
5) Amalaa fi namummaa gaarii kan qabu;
6) Ummata biratti amanamummaa kan qabu;
7) Yakka cimaadhaan himatamee murtiin balleessummaa kan irratti hin kennamne;
8) Hojii Komishinichaa sirnaan raawwachuu kan dandeessisu gahumsa guutuu kan qabu;fi
9) Yeroo isaa guutuu hojii Komishinichaatiif oolchuuf hayyamamaa kan ta'e.

14. Mindaa fi Faayidaalee Komishinarootaa

Mindaa fi faayidaaleen Komishinarootaa akkaataa mindaa fi faayidaalee muudamtoota mootummaa ol'aanaadhaaf hayyamameen raawwatama.

15. Mirgaa fi Dirqama Komishinarootaa

1) Komishinarrii kamiyyuu mirgoota armaan gadii ni qabaata:
   a) Mirgi himatamuu dhabuu isaa Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataatiin yoo ka'e malee yookiin harkaa fi harkatti yoo qabame malee yeroo Komishinarummaadhaan tajaajilutti mirga yakkaan himatamuu dhabuu ni qaba;
   b) Hojii Mana Maree Komishinichaa irratti bilisummaan hirmaachuu fi sagalee kennuu;
   c) Sanadootaa fi ragaalee hojiidhaaf barbaachisaa ta'an argachuu fi ilaaluu; fi

d) Akkaataa Manni Maree Komishinichaa murteessuun hojiiwwan koree fi hojiiwwan biroo irratti hirmaachuu.

2) Komishinarrii kamiyyuu dirqamoota armaan gadii ni qabaata:
   a) Hojii fi itti gaafatamummaa Komishinichaa haala sirriin raawwachuu;
   b) Yeroo isaa guutuu hojii Komishinichaaf oolchuu;
   c) Walitti bu'iinsa faayidaa maqsuu;
   d) Iciitii adeemsa hojiitiin argate eeguu;
   e) Gartummaa irraa bilisa ta'uu, maqaa gaarii fi kabaja Komishinichaa gochawwan xureessanii fi bu'a qabeessummaa isaa gufachiisan irraa of qusachuu;
   f) Sirnootaa fi dambiiwwan Komishinichaa kanneen biroo kabajuu.

16. Haala Komishinaroonni Itti Gaafatamummaa irraa Itti Ka'an

1) Komishinarri kamiyyuu haalawwan armaan gadiitiin itti gaafatamummaa irraa ka'uu ni danda'a:
   a) Sababa dhukkubaatiin hojii isaa idilee raawwachuu dadhabuudhaan;
   b) Hanqini gahumsaa ifa ta'e yoo irratti mul'ate;
   c) Hanqinni naamuusaa cimaan yoo irratti mul'ate;
   d) Sababa gahaa malee guyyoota walitti aanan kudhaniif hojii isaa irratti yoo hin argamne; yookiin
   e) Ulaagaalee Labsii kana Keewwata 13 jalatti kaa'aman keessaa yeroo muudamaatti ulaagaan Komishinarichi hin guunne jiraachuun yoo mirkanaa'e.

2) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (1) tiin Komishinarri itti gaafatamummaa irraa kan ka'u gaaffii qaama ragaa qabu kamiinuu iyyannoon dhiyaate amansiisaadha jedhee Afyaa'iin fudhatee gaaffii Mana Maree Bakka Bu'uutota Ummataatiif dabarsuun yookiin gaaffii tokko sadaffaa miseensota Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataa yookiin bu'uura gaaffii Komishinaroota sadii gadi hin taaneen murtii Manni Maree Bakka Bu'oota Ummataa dabarsuun ta'a.

17. Fedhii Ofiitiin Itti Gaafatamummaa Gadi Lakkisuu

Komishinarri fedhii isaatiin itti gaafatamummaa isaa gadi lakkisuu barbaadu kamiyyuu dursee akeekkachiisa barreeffama ji'a lamaa Mana Maree Komishinarootaa fi Afyaa'ii Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataatiif kennuudhaan gadi lakkisuu ni danda'a.

18. Waa'ee Itti Gaafatamummaa Mootummaa Kan Biroo

Komishinarri bu'uura Labsii kana keewwata 16tiin itti gaafatamummaa irraa ka'e yookiin bu'uura Keewwata 17tiin fedhii isaatiin itti gaafatamummaa gadi lakkise waggoota lamaaf itti gaafatamummaa mootummaa kan birootiif hin kaadhimamu.

19. Waa'ee Komishinara Bakka Buusuu

1) Bu'uura Labsii kanaa Keewwata 16 fi 17tiin komishinarri itti gaafatamummaa irraa yemmuu ka'u yookiin gadi lakkisu yookiin yemmuu du'aan adda bahu bu'uura Labsii kanaa Keewwata 12tiin tarree kaadhimamtoota Afyaa'iif ergamanii Komishinarummaadhaan hin muudamne keessaa Komishinara bakka bu'u ta'ee Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataatiin akka muudamu ni taasisa.
2) Tumaan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (1) akkuma eegametti ta'ee, itti gaafatamummaa irraa kan ka'e yookiin gadi lakkise yookiin du'aan adda bahe Komishinarra Muummee yookiin Komishinara Mummee Itti Aanaa yoo ta'e, Komishinaroota muudaman keessaa yookiin eeggataa kaadhimamaa Komishinaroota keessaa filuudhaan akka muudaman Afyaa'iin Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataatiif ni dhiyeessa.

Kutaa Afur

Waa'ee Mana Maree Komishinichaa, Komishinara Muummee fi Waajjiraa

20. Mana Maree Komishinichaa

Manni Maree Komishinichaa Komishinoota hunda miseensummaadhaan kan hammate dha.

21. Hojii fi Aangoo Mana Maree Komishinichaa

Manni Maree Komishinichaa aangoo fi hojiiwwan armaan gadii ni qabaata:

1) Ajandaalee mariin ummataa irratti taasifamu gadi fageenyaan sakata'uudhaan mariin akka irratti taasifamu murteessuu;
2) Yaadoota gorsaa koreewwaniin qophaa'anii dhiyaatanii fi marii ummataatiin argaman gadi fageenyaan sakata'uu fi qindeessuun qaama raawwachiiftuu, Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataa fi qaamolee mootummaa ilaallatu kan birootiif akka dhiyaatu raggasisuu;
3) Baajataa fi karoora waggaa Waajjirichaa qoratee raggaasisuu;
4) Gabaasa waliigalaa Waajjirichaa qoratee raggasisuu;
5) Koreewwan barbaachisaa hundeessuu;
6) Naannoleetti waajjiraaleen damee waajjirichaa akka hundeeffaman murteessuu;
7) Argannoo odiitii Waajjirichaa qoratee raggaasisuu;
8) Komishinara Muummee fi Komishinara Mummee Itti Aanaa Mana Marichaa yeroo walfakkaataatti hojii isaanii irraatti guyyoota walitti aanan kudhaniif yoo hin argamne, miseensota keessaa walitti qabaa yeroo ramaduu;
9) Gurmaa'insa caasaa Waajjirichaa raggaasisuu;

10) Muudama Itti Gaafatamaa Waajjirichaa raggasisuu;
11) Qajeelfamoota Labsicha raawwachiisuuf barbaachisan baasuu;
12) Qajeelfama naamuusaa Komishinarootaa baasuu;
13) Danbii ittiin bulmaata Waajjirichaa baasuu.

22. Hojii fi Aangoo Komishinara Muummee

Komishinarri Muummee Komishinichaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Mana Maree Komishichaa walitti qabaa ta'ee ni gaggeessa;
2) Hojii waliigalaa Komishinichaa gaggeessuu;
3) Ajandaawwan walgahii Mana Maree Komishinichaa dhiyeessuu;
4) Akka barbaachisummaa isaatti walgahii ariifachiisaa waamuu;
5) Hojii waliigalaa Waajjirichaa to'achuu;
6) Komishinicha bakka bu'uudhaan qaamolee kanneen biroo waliin walitti dhufeenya taasisuu;
7) Mana Maree Bakka Bu'oota Uummataatiif gabaasaalee dhiyeessuu;
8) Kaadhimamaa Itti Gaafatamaa Waajjira Komishinichaa Mana Maree Komisinichaaf dhiyeessee muuchisiisuu;
9) Hojjettoota Komishinicha bu'uura seera hojjettoota mootummaa Federaalaatiin qacaruu fi bulchuu;
10) Gaaffii baajata Komishinichaa Ministeera Maallaqaa waliin qopheesuudhaan Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataaf dhiyeessuu;
11) Hojiiwwan biroo Mana Maree Komishinichaatiif kennaman raawwachuu.

23. Aangoo fi Hojii Komishinara Muummee Itti Aanaa

Komishinarrii Muummee Itti Aanaa Komishinichaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Yeroo Komishinarri Muummeen hin jirre bakka bu'ee ni hojjeta;
2) Hojiiwwan Komishinara Muummeen kennamaniif ni raawwata.

24. Waa'ee Waajjira Komishinichaa

1) Waajjirri Komishinichaa Itti Gaafatamaa Komishinara hin taaneen hoogganama.
2) Waajjirichi hojjettoota barbaachisoo biroo ni qabaata.
3) Itti waamamnni Waajjirichaa Komishinara Muummeetiif ta'a.

25. Hojii fi Itti Gaafatamummaa Waajjira Komishinichaa

Waajjirrii Komishinichaa hojii fi itti gaafatamummaa armaan gadii ni qabaata:

1) Gurmaa'insa caasaa Waajjira Komishinichaa adda baasee Mana Maree Komishinichaaf dhiyeessee raggasisuu;

2) Komishinichaaf tajaajila bulchiinsaa fi faayinaansii waliigalaa kennuu;
3) Hojii fi itti gaafatamummaa Komishinichaaf galteewwan barbaachisaa ta'anii fi tajaajiloota biroo dhiyeessuu;
4) Qaboowwan yaa'ii, murtiiwwan, galmeewwan herregaa fi ragaalee Komishinichaa biroo sirnaan gurmeessee qabachuu;
5) Baajata Komishinichaa qopheessuudhaan Komishinara Muummee gargaaruu; fi
6) Hojiiwwan Mana Marichaan yookiin Komishinara Muummeedhaan kennamaniif biroo raawwachuu.

26. Hojii fi Ittigaafatamummaa Itti Gaafatamaa Waajjirichaa

1) Itti Gaafatamaan Waajjirichaa hojii fi itti gaafatamummaa armaan gadii ni qabaata:
   a) Gurmaa'iinsa caasaa Waajjiricha adda baasee Mana Maree Komishinichaatiif dhiyeessee raggasisuu;
   b) Hojiiwwan Waajjirichaa ilaalchisee Komishinara Muummee fi Mana Maree Komishinichaatiif gabaaasa dhiyeessuu;
   c) Karoora hojii Waajjirichaa Mana Maree Komishinichaatiif dhiyeessee raggaasisuu;fi
   d) Hojii fi aangoowwan Labsii kanaan Waajjirichaaf kennaman hoogganuun bulchuu;
2) Itti waamamni Ittigaafatamaa Waajjirichaa Komishinara Muummee Komishinichaatiif ta'a.

Kutaa Shan
Tumaalee Adda Addaa

27. Madda Baajataa

1) Baajanni Komishinichaa mootummaadhaan kan ramadamu ta'a.
2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (1) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, maddeen seera qabeesaa biroo irraa argachuu ni danda'a.
3) Komishinichi qajeeltoowwan bulchiinsa faayinaansii bu'uura godhachuudhaan akkaataa Dambii keessoo Mana Maree Komishinichatiin ragga'uun baajata ofii bulchuf bilisummaa guutuu ni qaba.

28. Galmeelee Herregaa

1) Komishinichi galmeewwan herregaa guutuu fi sirrii ta'an ni qabata.
2) Galmeewwan herregaa fi sanadoonni herregaa Komishinichaa Odiitara Muummichaatiin yookiin Odiitaroota inni moggasuun waggaa waggaan ni qoratama.

29. Aangoo Dambii fi Qajeelfama Baasuu

1) Manni Maree Bakka Bu'oota Ummataa haala naamuusa Komishinaroota, hojjettoota Komishinichaa, Mari'achiiftootaa fi qaamolee adeemsa marii irratti hirmaatan ilaalchisee Dambii baasuu ni danda'a.
2) Manni Maree Komishinarootaa bu'uura Labsii kanaa fi keewwata kana keewwata xiqqaa 1tiin Dambiiwwan bahan raawwachiisuuf Qajeelfamoota barbaachisan baasuu ni danda'a.

30. Waa'ee Sanadoota Komishinichaa

1) Komishinichi yeroo hojii isaa xumuramu bara hojii Komishinichaatti yeroo mariiwwan biyyaalessaa gaggeeffaman sanadoota qophaa'an, qaboowwan yaa'ii qabamanii fi sanadootni walfakkatan eegamanii akka turan Waajjira Mana Maree Bakka Bu'oota Uummataatiif akkasumas Tajaajila Mana Kitaabaa fi Mana Galmee Itoophiyaatti dabarsee kennuuf itti gaafatamummaa qaba.
2) Tajaajilli Mana Kitaabaa fi Mana Galmee Itoophiyaas sanadoota Komishinicha irraa simate sirnaan gurmeessee kaa'uu fi namoota kaayyoowwan garaagaaraatiif ilaaluu fi fayyadamuuf barbaadaniif fayyadamuu akka danda'an mijeessuuf itti gaafatamummaa qaba.

31. Dirqama Deeggarsa Kennuu

Namni kamiyyuu Komishinichi itti gaafatamummaa Labsii kanaan itti kenname bahachuf sochii taasisu keessatti gaaffii seera qabeessaa dhiyeessu kamiifuu dirqama deeggarsa kennuu ni qaba.

32. Waa'ee Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaannee

Seeronni Labsii kanaan wal faallessan kamiyyuu dhimmoota Labsii kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

33. Yeroo Labsichi itti Ragga'u

Labsiin kun guyyaa Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataatiin ragga'e Mudde 20 bara 2014 irraa eegalee kan hojiirra kan oolu ta'a.

Finfinnee Amajjii 05 bara 2014

Saahilawarq Zawudee

Pirezidaantii Ripaablika Dimokraatawaa Fedaraalawaa Itoophiyaa